# سُورَةُ الكَافِرُونَ
# Suuraa Kaafiruun

*Dura,dursoo suuran {suuratulkaafiruun} je'amti. — قبل كل شئ هذه هي سورة الكافرون

*Isiin suura makkaati . — وهي مكيــة

*Aayaanni isi'ii jaha {6}. — وآياتها ستـة

*Lakkooysi isi'ii dhibbaafii sagali {109} — وعـددها مائة وتسع

*Isiin eega suuraa {maakguunii} buute. — نزلت بعد سورة الماعون

*Sababaan isiin buutef kuffaara qureyshi`-iititu wal gayee,nabi muhammaditti dhaqee,mukaafii dhagaa nuti ibaannu kana hin arrabsin, Rabbii keeti si wajjiin ibaannaa ,atis waan nuti ibaannu nu wajji ibaadi je'aniin,hoggaa san Rabbiin suuraa tana buuse. — سـبب نزولهـا

*jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii — بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

**1}***Yaa ergamaa kiyya Muhammad orma kuffaaraa saniin akki jettu: yaa warra rabbitti kafare,kan waan inni uume,kan akka dhaga'aa mukaa, namaa,suura'aa, Rabbi je`ee ibaadu, yookaa guddisu,yaa warra haqa Rabbii isaanii hin beyne, kan waaqa isaan uume dhiisee, waan inni uume ibaadu, takkaa guddisu.yookaa gabbaru. — قُلْ يَا أَيُّهَا الْكَافِرُونَ ﴿١﴾

**2}***An waan isin Rabbi godhattanii dhag-a`aafii namarraa gabbartan san, hin ibaadu, yookaa hin gabbaru. — لَا أَعْبُدُ مَا تَعْبُدُونَ ﴿٢﴾

**3}***Isinis waytii amma keessa jirtan Rabbii tokkicha an ibaadu kan dachi`ii samii uume hin ibaaddan, . — وَلَا أَنتُمْ عَابِدُونَ مَا أَعْبُدُ ﴿٣﴾

**4}***An akkuman tanaan dura sanama isin ibaaddan, hin ibaadin,tana boodallee hin ibaadu. — وَلَا أَنَا عَابِدٌ مَّا عَبَدتُّمْ ﴿٤﴾

**5}***Isinis waanin an ibaadu Rabbii tokkicha an itti isin yaamu ibaadu`uu hin teessan maalif Rabbiin akka jarri sun abaduma hin amanne nabi Muhammad beysisee tanaaf jara saniin Rabbii an ibaadu isin tanaan dura hin ibaanne, amma eegullee ibaadu`uun teessan je`e. — وَلَا أَنتُمْ عَابِدُونَ مَا أَعْبُدُ ﴿٥﴾

لَكُمْ دِينُكُمْ

وَلِيَ دِينِ ﴿٦﴾

*Isin kufrii teessaniitu isiniif jira ,yakam-u'uuf teessan.

**6}***Anis diina kiyyaatu naaf jira. sawaaba Rabbii kiyyaatin argadha ,an diinaa islaa-maa kan jannatatti na geessun qabadhaa ,isin karaa azaabati qabattan jechu`.